IBSA ODEEFFANNOO TALAALLII

Talaallii Meningococcal ACWY — MenACWY fi MPSV4: *Wanti ati beekuu si barbaachisuu*

Many Vaccine information Statements are available in Spanish and other languages. See www.immunize.org/vis
Hojas de información sobre vacunas están disponibles en español y en muchos otros idiomas. Visite www.immunize.org/vis

1 Maaliif talaallii fudhanaa?

Meningococcaln dhukkuba hamaa gosa baakteeriyaa *Neisseria meningitidis*jedhamuun dhufadha. Innis dhukkuba manjalloo (dhukkuba sarara sammuu fi lafee dugdaa) fi dhukkuba dhiigaaf kan nama saaxiluudha. Dhukkubni Meningococcal akeekkachiisa tokko malee kan qaqqabu-sirriiyyuu namoota fayyaa ta'an irratti mulchu kan danda'udha.

Dhukkubni Meningococcal walitti dhiheenyaan akka (qofa'uu fi dhungoodhaan) ykn qunnamtii dheeradhaan nama rraa gara namaatti kan darbu, keessumattuu namoota mana tokko keessa jiraatan jidduutti babalachuu danda'a.

Yoo xiqqaate gosa 12tu jira*N. Maanjalloon*, "serogroups" ("garee seeroo") jedhamun beekama. Gareen seeroo A,B,C,W and Yn dhukkuba hedduuf ka'umsa.

Namni kamiyyuu dhukkubichaan qabamu ni danda'a, garuu namoota muraasni balaa dabalataatiif saaxilamoodha; kunis kan dabalatu:

- Daa'ima umurii waggaa tokkoo gadii
- Dargaggootaa fi ga'eessota umuriin isaanii waggaa 16 hanga waggaa 23 ta'e.
- Namoota yaalii fayyaa murtaa'oo sirna dukkuba dandamachu isaanii hubu irra jiran .
- Qo'attoota Maayikiroobaayoolijii isaan walitti aanisuun addatti *N. Manjalloo*
- Namoonni sababii tatamsa'ina dhukkuba hawaasa isaanitii keessatti umameen balaarra jiran.

Osoo yaalamee illee, dhukkubni meningococcal namoota 100 dhukkubichaaf saaxilaman keessaa namoota 10 hanga 15 ni ajjeesa. Isaanuma olan keessaayis, namoota 100 hunda keessaa namoota dhukkubichaaf saaxilaman 10 hanga 20 kan ta'an hiri'ina qaamaa kanneen akka dhageetii dhabuu, manca'uu sammuu, manca'uu kalee, harka ykn miilaa muramuu, rakkinoota sirna narviilee, ykn gogaa irraa luluqqa'uuf ni saaxilamu.

Meningococcal ACWY talaallii dhukkuba meningococcal gareewwan A, C, W, fi Y.A dhaan dhufan ittisuudhaaf ni gargaara. Talaalliiwwan meningococcal garee seeroo B ittisuudhaaf gargaaran hedduuis ni argamu.

2 Talaalliiwwan Meningococcal ACWY

Gosti talaaliiwwan meningococcal lama Bulchiinsa Nyaataa fi Qorichaan (FDA) tiin makaan talaallii gareewwan seeroo A, C, W, fi Y ittisuu mirkanaa'aniiru: (**MenACWY**) and talaalliin meningococcal polysaccharide (**MPSV4**).

Baayyinni Qoricha MenACWY lama dargaggoota umuriin isaanii waggaa 11 hanga 18 jiraniif ni ajajama: baayyinni hammi jalqabaa umurii waggaa 11 ykn 12, baayina deeggaru waliin umurii waggaa 16 irra kan kennamuudha. Ga'eessoonni muraasni, warra HIV qaban dabalatee, baayyina qoricha dabalataa argachu qabu. Odeeffannoo dabalataaf, dhiheessaa tajaajila kunuunsa fayyaa kee gaafadhaa.

Talaallii yeroo hunda ga'eessotaaf kennamuun alattis, talaalliin MenACWY garee namoota muraasaaf ni ajajama:

- Namoota sababii babalachuu dhukubaatiin balaa/balaa garee Seeroo meningococcal A,C,W, ykn Y jala jiran
- Nama rajiijiin isaa miidhame ykn muramee bahe
- Nama kamiyyuu haalli sirna dhibee ofiirraa ittisu isaa baay'inaan hin argamne "persistent complement component deficiency" jedhamu
- Nama kamiyyuu qoricha eculizumab jedhamu fudhataa jiru (akkasumas Soliris kan jedhamu®)
- Qo'ataa Maayikiroobaayooloojii isaan walitti aansuudhaan addatti *N. meningitidis* hojjetan
- Nama kamiyyuu kutaa Addunyaa dhukkubni meningococcal keessatti jiraachuun barame, fakkeenyaaf kan akka Afrikaa deemuu ykn jiraatu
- Barataa Kooleejii waggaa duraa doormii keessa jiraatu
- Qacarrii raayyaa Ameerikaa

Daa'imman umuriin isaanii ji'oota 2 fi 23 gidduu jiruu, fi namoonni rakkina fayyaa muraasa qabaniif ittisa gahaa akka ta'utti baayina qQoricha hedduu barbaadu. Waa'ee baayinaa fi yeroo qorichi tiit fudhatamuu, fi barbaachisummaa baayina qoricha guddisuu, dhiyeesitoota kunuunsa fayyaa keessan gaafadhaa.

MenACWY talaalliin filatamaa namoota garee umurii isaanii ji'a 2 hanga waggaa 55 jidduu jiraniif kan kennamu ta'ee, kanneen Kanaan dura MenACWY fudhatan, ykn baayina qoricha hedduu fudhachuunakka isaan barbaachisu tilmaamamuuf kan ajajamuudha.

MPSV4 ga'eessota umuriin isaanii waggaa 55 olii warra qoricha qeenxee qofti akka isaan barbaachisu tilmaamame (imaltoota, ykn wayita diddaa hawwaasummaatti) akka fudhatamu kan ajajamuudha.

3 Namoonni muraasni talaallii kana fudhachu hin qaban

Nama talaallii isiniif kennutti himaa:

- **Yoo adanyoo cimaa, lubbuu miidhuu danda'u qabaatte.**

U.S. Department of Health and Human Services
Centers for Disease Control and Prevention

Yoo erga baayina talaallii qoricha duraatiin booda danyoo lubbuu miidhuu danda'u qabaattan, ykn talaallii Kanaan wal qabatee danyoo cimaa yoo qabaattan talaallii kana hin fudhattan. Dhiheessaan keessan waa'ee wantoota talaallii kun irraa hojetame isinitti himu.

- **Yoo ulfa ykn harma kan hoosiftuu taatan.**

  Dubartii ulfaa ykn haadha harma hoosisan ilaalchisee rakkina fayyaa talaallii Kanaan umamu dana'u irratti odeeffannoon gahaa ta'e hin jiru. Yoo ifatti babraachisee wayita ulfaa qofa itti fayyadamaa.

Yoo dhkkubbii xiqqaa, kan akka qofaa, qabaattan talaallii har'a argachuu dandeessu ta'a. Yoo giddu galeessaan ykn hamminaan kan dhukkubsattan ta'e, hanga dandamattanitti/ foyyoftanitti eeguu qabaattu. Doktorri keessan isin gorsu danda'a.

4 Rakkina talaallidhaan booda dhufu

Qoricha kamiyyuu waliin, qoricha talaalliiwwan kennaman dabalatee, carraa miidhaa qaqabsisuu ni jira. Kunneenis dhukkubbii salphaan fi yeroo hedduu ofii isaatiin guyyoota muraasa keessatti gadi dhiisa, garuu dhukkubbiin cimaanis jiraachu ni danda'a.

Namoota talaallii meningococcal ACWY fudhatan keessaa walakakkaa kan ta'an **rakkinoota salphaa ni ummatu** talaallidhaan booddees iddoo qoricha ittiin fudhatanitti diimachuu ykn dhukkubbii kan qabaatu ta'a. Rakkinoonni kunneen yoo muudatan, yeroo hedduu guyyoota 1 ykn 2 turuu danda'u. Isaanis MPSV4 irra erga MenACWY fudhatameen booddee hedduu baramaadha.

Namoonni dhibbantaa muraasa ta'an talaallii fudhatanis ho'ina qaamaa xiqqaa ni qabaatu.

Rakkinoota erga talaallii kamiyyuu fudhatameen booddee muudatan:

- Namoonni yeroo tokko tokko erga yaalamanii booddee, erga talaalli fudhaanii babalatee, of wallaalu. Daqiiqaawwan hanga 15 taa'uun ykn cisuun boqachuun, of wallaaluu fi miidhaa kufaatiidhaan dhufu malu hambisuuf ni danda'ama gargaara. Yoo dhiphatte, ykn agartuuf kan rakkattu ta'e, ykn gurra keessaan irratti kan iyyu yoo ta'e, Doktora keetti himi.
- Namoonni muraasni dhukkubbii gateettii isaanii irratti baayyee cimaa fi bakka lilmoon waraanataniin harka sochoosu rakkisaa itti ta'u danda'a. Kunis darbee darbee kan mul'atuudha.
- Qorichi kamiyyuu adanyoo hamaa qaqqabsiisuu ni danda'a. Rakkoolleen akkasii kunneenis darbee darbe kan umamuudha, baayina qoricha miiliyoona keessaa 1 kan ta'utti kan tilmaamamuu, fi talaallidhaan booddee daqiiqaawwan muraasaa hanga sa'aatiiwwan muraasaa boodatti kan mudatuudha.

Akkuma qorichoota biros, carraan talaalichaan miidhaa ykn du'aaf qaqqabsiisuu isaa baay'ee xiqqaadha.

Nageenyummaan qoricha talaalliin kennamaniis yeroo hundaa ni eeggama. Odeeffannoo dabalataatiif, do'adhaa: **www.cdc.gov/vaccinesafety**/

5 Dhiibbaan hamaan yoo muudate hoo?

Maalan barbaadaa?

- Dhimma isin ilaallatu kamiyyuu, kan akka mallattoolee adanyoo miiraa dhukkubbii hamaa, ho'a cimaa, ykn jijjiirama amalaa hin baramne hubachu qabdu.

  Mallattooleen adanyoo cimaanis kan dabalatu, qaama irraatti waa bahuu, dhiita'uu fuulaa fi qoonqoo, rakkina hargansuu, dhawannaa onnee sardamaa fi dadhabbiidha— yeroo hedduu talaallidhaan erga fudhatameen booddee daqiiqaawwan muraasaa hanga sa'aatiiwwan muraasatti.

Maal godhuun qaba?

- Yoo adanyoo miidhaa hamaa kan qaqqabsiisu ta'e jettee yaadde ykn muddama atatamaa eeguun hin danda'amne ta'e, 9-1-1 irratti bilbilaa ykn nama sana gara Hospitaala dhihootti geessaa. Kana yoo ta'uu baate garuu, Doktora keef bilbili.
- Kana booddee, haalichi Sirna Gabaasa Miidhaa Talaalliin (VAERS) kan gabaafamu ta'a. Doktarri/Ogeessi fayyaa keessan gabaasa kana ni galmeessa, ykn ofii keessaniif marsaritii VAERS irratti hojjechuu ni dandeessu **www.vaers.hhs.gov**, ykn **1-800-822-7967**.bilbiluudhaan.

VAERS tajaajila gorsa fayyaa hin kennu.

6 Sagantaa Beenyaa Dhiibbaa Talaallii Biyyoolessaa

Sagantaan Beenyaa Miidhaa Talaallii Biyyoolessaa (VICP) sagantaa Federaalawaa miidhaa talaalliwwaniin dhufaniif beenyaa kennuudhaaf kan hundeeffamee dha.

Namni miidhaan qorich talalliin kennamaniin dhufuu isaa amanu, waa'ee sagantaa kanaa baratuu fi haala beenyaan itti guutamu barachuuf karaa **1-800-338-2382** irratti bilbiluu ykn marsaritii VICP **www.hrsa.gov/vaccinecompensation** do'achuu danda'a. Beenyaa gaafachuudhaaf daangaan yeroo ni jira.

7 Akkamittan hedduu beekuu danda'aa?

- Dhiheessaa tajaajila kunuunsa fayyaa keessan gaafadhaa. Innis ykn isheenis golga talaalli keessa seenu isiniif kennu ykn mada odeeffannoo kan biraa isinitti himu danda'u.
- Qajeelcha fayyaa ganda ykn bulchinsaa keessaniif bilbilaa.
- Giddu gala To'annaa fi Ittisa Dhukkubootaa (CDC) qunnamaa:
  - **1-800-232-4636** (**1-800-CDC-INFO**) bilbilaa ykn
  - marsaritii CDC **www.cdc.gov/vaccines** do'adhaa.

Vaccine Information Statement
Meningococcal ACWY Vaccines - Oromo

03/31/2016

Office Use Only

42 U.S.C. § 300aa-26

Translation provided by Minnesota Department of Health